Haaromsa jeequmsa maatii fi fayyaa akkasuumas nageenya daa’immanii

Family violence and child wellbeing and safety reforms

Odeeffannoo namoota tajaajila Damee Maatii, Haqummaa fi Mana Jireenyaa argaacha jiraniif

Information for people receiving Department of Families, Fairness and Housing services

Oromo | Afaan Oromoo

Jeequmsi maatii maali?

Jeequmsa maatii:

- jechuun namni akka miseensa maatiitti ilaalamu (hiriyaa gaa’elaa, hiriyaa gaa’elaa duraanii ykn miseensa/miseensota maatii dheera dabalatee) amala doorsisaa, to’achuu ykn jeequmsaa fayyadamuun (ga’eessa ykn daa’ima) namni tokko ofii isaaf ykn nama biraatiif sodaan akka itti dhaga’amu gochuudha
- miidhaa qaamaa, miiraa, maallaqaa, saalqunnamtii, sammuu ykn jechaan raawwatamuu danda’a
- amala miidhaa geessisu hedduu of keessaa qabaachuu danda’a.

Jeequmsi maatii gonkumaa sirri miti.

Akkamitti deeggarsa argachuu danda'a?

Yoo balaa atattamaa si muddatee, fi gargaarsa hatattamaa barbaadde, zeeroo sadii (000) irratti bilbili.

Yoo balaa atattama hin taane garuu gargaarsa yoo barbaadde, Tarkaanfiilee Nageenyaadhaaf (Safe Steps) 1800 015 188 irratti bilbili. Tarkaanfiilee Nageenyaa (Safe Steps) guyyaatti sa’aatii 24, torbanitti guyyaa torba, waggaa keessatti guyyaa hunda banaadha.

Seera jeequmsa maatii

Karoora Qoodiinsa Odeeffannoo Jeequmsa Daa’immanii fi Maatii

Viktooriyaa keessatti seerotni dhaabbilee fi tajaajiloonni maatii fi hawaasa nageenya isaanii eeguuf odeeffannoo akka waliif qoodan salphaa taasisan jiru.

Karoorri Qoodinsa Odeeffannoo Daa’immanii dhaabbilee fi tajaajiloonni hayyamaman fayyaa ykn nageenya daa’immanii guddisuuf odeeffannoo akka qooddatan ni hayyama.

Karoorri Qoodinsa Odeeffannoo Jeequmsa Maatii dhaabbilee fi tajaajiloonni hayyamaman balaa jeequmsa maatii daa’immanii fi ga’eessotaaf mudatu madaaluu fi bulchuuf odeeffannoo akka qooddatan ni hayyama.

Karoorri kunneen Bu’uura Madaallii fi Bulchiinsa Balaa Ejensii Hedduu Jeequmsa Maatii (Multi-Agency Risk Assessment and Management, MARAM) dhaan hojiirra oolaa jiru.

VICTORIA State Government

MARAM

MARAM dhaabbilee fi tajaajiloonni balaa jeequmsa maatii adda baasuu, madaaluu fi bulchuu akka danda'an gargaara.

MARAM:

- nageenyaa fi fayyaa lammiilee Viktooriyaa ni dabala
- tajaajiloonni adda addaa nageenya maatii eeguuf haala gaariin waliin akka hojjetan gargaaruu
- jeequmsa maatii irratti hubannoo waliinii uumuu
- namoonni hedduun deeggarsa akka argatan gargaaruu.

Eenyuutu odeeffannoo waliif qoodu danda'a?

Namootaa fi tajaajiloonni odeeffannoo waliif qoodu danda’an kanneen armaan gadii of keessatti qabatu:

- doktorota fayyaa fi narsoota
- hojjettoota ambulaansii
- fayyaa haadholii fi daa’immanii
- hospitaaloota
- manneen barumsaa
- giddu-gala eegumsa daa'imanii
- manneen jireenyaa hawaasaa fi dhaabbilee fayyaa hawaasaa
- tika daa’immanii
- mana jireenyaa, karaa Kutaa Haqummaa Maatii fi Mana Jireenyaatiin
- poolisii
- manneen murtii.

Oddeeffannoo dabalataa

Odeeffannoo dabalataa waa’ee MARAM fi karoora odeeffannoo waliif qooduuf, Odeeffannoo waliif qooduu fi haaromsa MARAM <www.infosharing.vic.gov.au> daawwadhaa.

Maxxansa kana bifa dhaqqabamaa ta’een argachuuf garee MARAM fi Odeeffannoo Qoodinsa iimeeliin gunnama <infosharing@dffh.vic.gov.au>

Authorised and published by the Victorian Government, 1 Treasury Place, Melbourne.
© State of Victoria, Australia, March 2021.
ISBN 978-1-76096-924-0 (pdf/online/MS word)
Madaallii balaa fi bulchiinsa jeequmsa maatii ejensiiwwan hedduu - Dhiyeessitoota Tajaajila DFFH'tti argama <https://providers.dffh.vic.gov.au/family-violence-risk-assessment-and-risk-management-framework>